Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 9 No. 1 January 2026
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University

Full Length Research Paper

Ogbarruu Fayyadamuun Dandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo Barsiisuu: Xiyyeeffannaan Manneen Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa 8ffaa Magaalaa Shaambuu

Tashaalee Asaffaa[1]*, Taayyee Guddataa (PhD)[2] fi Abarraa Huseen (PhD)[3]

[1]Yunivarsiitii Jimmaa, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaatti Kaadhimamaa D F, Iimeelii: teshaleasefa17@gmail.com

[2]fi [3] Yunivarsiitii Jimmaa, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa; Iimeelii: tayegude@yahoo.com; Yunivarsiitii Jimmaa, Kolleejjii Saayinsii Barnootaafi Amalaa, Iimeelii: husenabera48@gmail.com

Submission Date: November 15, 2024
Acceptance Date: Januray 06, 2026 DOI: https://dx.doi.org/10.4314/gadaa.v9i1.2

Axareeraa

Qorannoon kun ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo barsiisuu barsiisotaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 8ffaa Bulchiinsa Magaalaa Shaambuu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Saxaxni bu'uuraa qorannoo kanaa saxaxa qorannoo barnootaa bu'uureffate /design-based research/dha. Gulantaa jalqabaa qorannoo kanaaf rakkoo adda baasuuf saxaxa qorannoo sakatta'a ibsaatu hojiirra oole. Malli qorannoo kanaas mala makaati.Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa sadarkaa tokkoffaati. Innis barsiisota manneen barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Shaambuu keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiraniidha. Meeshaaleen funaansa ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi bargaaffiidha.Malli iddatteessuu qorannichaa mala carraa salphaa, hunda hammatoo /comprehensive sampling/fi akkayyoodha.Bu'uuruma kanaan, barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi manneen barnootaa ja'a mala akkayyoon filatamaniiru.Bargaaffiidhaan ragaalee funaanuuf barsiisonni 28 mala hunda hammatoodhaan barsiisota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa barsiisan hundi filatamaniiru. Dawwannaafi afgaaffiidhaaf barsiisota ja'aa Afaan Oromoo barsiisan mala carraa salphaatiin filatamaniiru. Ragaaleen argamanis mala makaadhaan qaacceffamaniiru. Argannoowwan ijoo qorannoo kanaas, barsiisonni Afaan Oromoo yeroo ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisan hanqinaalee hubannoo mala barachuufi barsiisuu, barattoota utubuufi hirmaachisuu dhabuu, malleen si'aayinaan barachuu fayyadamuu dhabuu, hanqina hubannoo gama qabiyyeefi faayidaalee ogbarruun afaan barsiisuuf qabu wallaaluudha. Danqaaleen mudatanis, leenjii hojiin duraafi boodaa ogbarruudhaan afaan barsiisuun walqabate dhabuu barsiisotaa, daree keessatti danoomachuu barattootaa, hanqina yeroo shaakalaafi fedhiifi kaka'umsa dubbisuu dhabuu barattootaati. Yaboon qorannoo kanaas, barsiisonni Afaan Oromoo ogbarruudhaan dandeettii dubbisuu yommuu shaakalsiisan barattoonni ergaa dubbisa sanaa irratti akka xiyyeeffatan gochuu, gochaalee dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa irratti xiyyeeffachuu, hubannoofi dubbisa ogbarruu sana irraa hiika argachuu barattootaa adda baasuuf iyyaafachuufi duubdeebii kennuun barattoota deeggarsa addaa barbaadan adda baafachuun otuu deeggaranii gaariidha. Dhaabbileen barnootaa barsiisonni yommuu ogummaa barsiisummaa leenji'an dhiyaannaalee ogbarruu afaan barsiisuuf oolan irratti hubannoo gama mala baruu barsiisuus ta'e kan qabiyyee akka horataniif xiyyeeffannoodhaan leenjii hojiin duraa kennuun barbaachisaadha. Kun immoo, galma dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisotaa sadarkaa kanaa milkeessuu danda'a.

Jechoota Ijoo: Afaan Oromoo, dandeettii dubbisuu, danqaalee, hojiirra oolmaa, ogbarruu

Teaching Afaan Oromoo Reading Skills through Literature: Focus on Grade 8 Students in Selected Primary Schools in Shambu Town

Abstract

This study focuses on analyzing how primary school teachers in garde 8 in Shambu Town Administration use literature to teach reading skills in Afan Oromo. The study followed a design-based research approach, and the initial phase used an exploratory descriptive design to identify the core problems. The mixed method approach was used for data collection. The sources of data are primary sources, specifically Afaan Oromoo teachers teaching at schools in Shambu Town Administration. The data collection instruments observation, interviews, and questionnaires.The sampling techniques are simple random sampling, comprehensive sampling, and purposive sampling.Accordingly, six schools and Afaan Oromoo teachers were selected purposively.For questionnaire data, 28 Afaan Oromoo teachers were selected using comprehensive sampling.For observation and interviews, six teachers were selected using simple random sampling.The collected data were analyzed using mixed-methods.The major findings indicate that when teachers teaching reading skills through literature, they have gaps in understanding and practice related to teaching–learning strategies, providing support and engaging students, and understanding the benefits of literary texts in teaching language skills and also have limitations in content-related knowledge.The major challenges hindering effective implementation include lack of training related to teaching language through literature, students' classroom overcrowding, shortage of time for practice, and students' lack of interest and motivation to read. Based on the findings, the study recommends that while teachers teaching reading skills through literature, they should help students focus on the message of the text, actively engage them in reading activities and identify students' understanding and interpretation of literary texts through questioning and feedback.Teachers should identify students who need special support and assist them.Furthermore, educational institutions should strengthen pre-service training by giving emphasis teaching language through literature, both in terms of pedagogical methods and content knowledge.

Keywords: *Afaan Oromoo, reading skills, challenges, implementation, literature*

---

1. Seensa

Ogbarruutti fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun dhiyaannaan barsiisa afaan walqunnamtii /communicative language teaching approach/ xumura bara 1970fi jalqabbii bara 1980tti guutuu addunyaatti fudhatama erga argatee kaasee walitti dhufeenyi ogbarruufi dandeettiiwwan afaanii xiyyeeffatamaa dhufe. Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun barattoonni dandeettii afaaniifi gahumsoota afaanii dabalataa akka gonfatan gochuu irratti shoora guddaa qaba. Kunis, barattootaaf beekumsaafi dandeettii dabarsuuf, gahumsa walquunnamtii isaanii cimsuufi waliin hojjechuu barattootaa dagaagsuu irratti gahee guddaa qaba (Murat, 2005). Dabalataan, Kefyalewfi kanneen biroo (2018) akka jedhanitti, ogbarruu daree keessatti fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun barattoonni dubbisa bal'inaafi gadifageenya qabu dubbisuu akka shaakalaniif carraa uumuu danda'a. Akka Abdullah (2012) jedhuttis barreeffamni ogbarruu filannoo jechootaafi malleen dubbii garaagaraan kan gabbateefi seenduubee barattootaa giddugaleeffatee waan dhiyaatuuf barattoonni hubannoo gadi fagoo akka qabaatan taasisa.

Ogbarruu daree barnoota afaanii keessatti fayydamuun barattoonni dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii akka fooyyeffataniifi bashannanaa akka barataniif humna guddaa qaba (Netsanet 2021, f. 1). Barattoonni ogbarruu fedhiifi kaka'umsaan waan dubbisaniif gahumsi dubbisuu isaanii dabalaa akka deemu taasisa (McKay, 1982). Ogbarruun barattoota keessatti fedhii waan uumuuf, barattoonni kaka'umsa akka horatan taasisa, dhuma irrattis gahumsa dandeettii dubbisuu isaanii nigabbifatu (Alamiituu 2012, f. 175). Barreeffamoota ogbarruu dandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti hammachiisuun barattoonni caacculee barreeffamoota ogbarruu (jaargocha,

namfakkiileefi ergaa) akka hubatan godha (Mohammad, 2011). Ogbarruudhaan dandeettii dubbisuu barsiisuun akka barattoonni ofta'anii waan barreeffame tokko dubbisanii akka hubatan waan dandeessisuuf dandeettii gadifageenyaan yaaduu isaanii cimsuu keessatti shoorri isaa olaanaa waan ta'eef barsiisonni afaanii sirnaan itti fayyadamuu qabu (Mohamed 2022, f. 1). Ogbarruu barsiisa sirna barnoota afaanii keessatti hammachiisuun faayidaalee hedduu qabaachuu isaa qorannoowwan agarsiisanii jiru. Qorannoowwan akka mul'isanitti barreeffamoota ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun barattoonni hubannoon dubbisuu/ reading comprehension/ fayyadama jechootaa, gadifageenyaan xiinxaluufi hubannoo aadaa isaanii irratti qaban akka fooyyefatan isaan gargaara (Cummins 2001; MoE, 2018).

Barreeffamoota ogbarruu daree keessatti fayyadamuun barattoonni akka ofdanda'anii miira dhuunfaa isaanii ibsatan, hirmaannaa isaanii akka cimsataniifi gadifageenyaan akka yaadaniif carraa guddaa uuma. Haa ta'u malee, dhugaa qabatamaan lafa jiruufi bu'aaleen qorannoo tokko tokko akka mul'isanitti ogbarruu fayyadamuun afaan barsiisuu irratti hubannoon gahaa ta'e waan jiru hinfakkaatu (Lazar, 1993). Qorannoon Ayele & Dawit (2022, f. 18) gaggeeffame akka mul'isutti gahumsi barsiisonni ogbarruu fayyadamuun daneettii dubbisuu barsiisuu isaanii baayyee gadi aanaafi sadarkaa eegamuun gadi akka ta'e ibsu.

Qorannoon kun Godina Horroo Guduruu Wallaggaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Shaambuu keessatti hojiirra oolmaa dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo barsiisuufi danqaalee barsiisota mudatan adda baasuu irratti kan xiyyeeffatedha. Bu'aan qorannoo kanaas, rakkooleen gama hojiirra oolmaa ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo waliin walqabatan qabatamaan furuun haalli kenninsa barnoota dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo akka guddatu, barattoonni afaan dhalootaa isaaniitiin dubbisanii akka hubataniif humneessuuf gumaacha nitaasisa. Kun immoo, dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo guddisuudhaan barattoonni eenyummaafi aadaa isaanii akka cimsatan, muuxannoo barreeffamoota garaagaraa dubbisuu gabbifachuun dandeettii gadifageenyaan yaaduu isaanii akka cimsatan isaan taasisa. Kana malees, barattoonni gosa barnootaa kanneen biroo illee salphaatti dubbisanii akka hubataniifi fedhii barnootaa akka horatan gochuu keessatti tumsa guddaa taasisa. Barsiisonni afaan dhalootaa barsiisan barattoonni dandeettii afaan dhalootaa isaanii gadifageenyaan akka hubataniif xiyyeeffannoo kennuu qabu. Barattoonni yoo dandeettii afaan dhalootaa isaanii gabbifatan afaanota biroos ta'e gosa barnootaa biroo haala salphaa ta'een barachuu danda'u (MoE 2009, f. 14).

Qorannoowwan garaagaraa biyya keessaa mata duree qorannoo amma adeemsifame kana waliin hariiroo qaban gaggeeffamanii jiru. Qorannoon Alene (2012), Ahmad (2014), Yenealem (2014)fi Murat (2005) faayidaa ogbarruun afaan barsiisuuf qabu irratti qorannoo gaggeessaniiru. Bu'uuruma kanaan, ogbarruun gahumsa barattoonni dandeettii afaanii isaanii akka gabbifatan gochuu keessatti gahee guddaa akka taphatu ibsanii jiru.

Haa ta'u malee, qorannoowwan akka mul'isanitti barsiisotni hedduun ogbarruu akka meeshaa dandeettii dubbisuu barsiisuutti itti fayyadamuuratti hanqina qabaachuu isaanii kan mul'isan jiru. Sirna barnootaa keessatti dandeettii dubbisuu jajjabeessuuf xiyyeeffannoon haa kennamuyyuu malee haalqara /context/ Afaan Oromoodhaan yommuu ilaalamu manneen barnootaa keessatti qindoominaan hojiirra ooluu irratti gadi bu'aafi barattoota dandeettii yaadachuu (rote

memorization)fi dubbisa qofa irratti xiyyeeffate malee, ogbarruu hubannoo cimsuuf akka meeshaatti hinfayyadamne (Gemechu 2019, p. 67). Barsiisni dareee keessaa qabatamaan daree keessatti hojiirra oolaa jiru, barnoota yaadachuu, gilgaalota keessatti yaadrimee argame yaadachuu malee hubannoon dubbisanii akka nafeeffatan irratti kan xiyyeeffate miti. Kun immoo, hubannoo bal'aafi yaada cimaa horachuu barattootaa hinjajjabeessu (USAID 2018, f. 12). Qaawwaa qorattoonni kunniin dhiisanii darban duuchuu irratti dabalataan mata dureen kana irratti qorannoo adeemsisuuf wanti qorataa kakaase barattooni yeroo ammaa kana keessa rakkoo dandeettii dubbisuu hamaa keessa jiraachuu isaanii muuxannoon qorataan adda bahee waan jiruufidha. Sababoonni rakkoo dandeettii dubbisuu barattoota kanneenii hedduu ta'anis, ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisota manneen barnootaa kutaa 8ffaa Bulchiinsa Magaalaa Shaambuu jiran biratti hanqinni mul'achuu isaa qabatamaa muuxannoo isaan yeroo daawwannaaf deemu waan argeefidha. Kanaafuu, ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo barsiisuu barsiisotaa irratti qorannoo bal'aa adeemsisuufi danqaalee mul'atan adda baasuun kallattii falli itti kennamu kennuudha. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa asiin gadii kanneeniif deebii kenneera.

1. Barsiisonni Afaan Oromoo ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuu akkamitti hojiirra oolchaa jiru?
2. Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchuu keessatti danqaaleen barsiisota Afaan Oromoo mudatan maal fa'i?

2. Sakatta'a Barruuwwanii

Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchuudhaaf barsiisonni dhiyaannaalee ogbarruufi tarsiimolee baruu barsiisuu sirnaan hubachuun murteessaadha. Dhimma kana ilaachisee **(**Brumfit 1986, f. 277) yommuu ibsu "….literature was a skill subject, not a content subject and stressed the potential of literature in enhancing the reading skills" jedha. Kana jechuun ogbarruun kan ittiin afaan barsiisanidha malee qabiyyee gosa barnootaa miti. Kanaafuu, barsiisonni afaanii ogbarruu akka meeshaa afaan barsiisuutti hubatanii akka barbaachisummaa isaatti hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

Ogbarruun kutaa keessatti akka meeshaa barnootaatti fayyadamuuf gaheen barsiisaa akkuma gosa ogbarruu fayyadamuutti adda adda ta'uu danda'a. Ta'uus, gaheen barsiisotaa dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa addaan bahanii hubatamuu qabu (Lazar, 1993). Qabxiiwwan olitti barsiisaan akka hojiirra oolchuuf ibsaman keessatti barataan ofiin ofdanda'ee akka baratu dandeettii dubbisuu gabbifachuuf fayyada. Wayitii barsiisonni wantoota olitti eeraman hojiirra oolchan adeemsi afaan baruu barsiisuu kutaa keessaa kan barataa giddugaleessa godhate ta'a jechuudha. Adeemsa barumsi barataa giddugaleessa godhate keessatti barsiisaan barumsa afaaniif haala mijeessuuf qofa isa kakaasa. Kutaa keessatti afaaniinis ta'e barreeffamaan yaada ibsuu deebii kennuun kan irraa eegamu barataarrati. Kun immoo akka isaan yaada mataa isaanii kennaniif, dandeettiiwwan afaanii dubbisuu, dubbachuu, barreessuufi dhaggeefachuuf gabbifataniif gargaara. Barattoonni gargaarsa tokko malee dhuunfaa isaaniitiin dubbisuu akka danda'aniif kakaasa; waan dubbisan irraa dhuunfaanis ta'e gareen yaadaan akka waliigalan barsiisa yookiin garee biraa akka madaalaniif isaan gargaara.

Adeemsi baruu barsiisuu barataa giddugaleessa godhate kan barsiisaa giddugaleessa godhaterraa wanti adda taasisu, barattoonni caluma jedhanii yaada barsiisaan dhiyeessu fudhachuurra bilisa ta'anii miira keessa isaaniitti waan dhaga'amu afaanis ta'e barreeffamaan akka ibsaniif carraa kennuu isaati. Barattoonni barreeffamicha keessa galuun dandeettii yaada isaan ibsu yoo gabbifatan, qabiyyee barreeffamichaa guutummaa guutuutti nidubbisu. Dubbisuun immoo ofisaaniif yaalii ogummaa ogbarruu dubbisuu akka qaban dandeesisa. Yaada kana irratti hundaa'uudhaan barattoonni asoosama gabaabaa garaagaraa dubbisuun aadaa dudhaa amantii jaalala hawaasa isaanii keessa jiru akka hubatan; jaallatan, miira barreeffamichaa akka hubatan gargaara. Kanaafuu, barsiisonni ogbarruutti fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuuf tarsiimolee dandeettii dubbisuu sirnaan fayyadamuufi hirmaannaa barattootaa fooyyessuun barbaachisaadha (Carter & Long 1991, f. 25).

Gahumsi mala barachuufi barsiisuu barsiisotaa milkaa'ina hubannoon dubbisuu barattootaa barsiisuu irratti shoora olaanaa kan taphatudha. Qorannoon toora kana irratti gaggeeffame akka mul'isutti, barsiisonni sadarkaa tokkoffaa hedduun ogbarruu qindoomina qabu barsiisa /instruction/ isaanii keessatti fayyadamuuf dandeettii gahaa hinqaban (Gemechu 2019, f. 67). Faallaa kanaan, garuu, barsiisni dareee keessaa qabatamaan daree keessatti hojiirra oolaa jiru, barnoota yaadachuu, gilgaalota keessatti yaadrimee argame yaadachuu malee hubannoon dubbisanii akka nafeeffatan irratti kan xiyyeeffate miti. Kun immoo, hubannoo bal'aafi yaada cimaa horachuu barattootaa hinjajjabeessu (USAID 2018, f. 12). Afaan dhalootaa haala bu'a qabeessa ta'een barnoota keessatti fayyadamuun jijjiirama qabatamaa dhaloota irratti fiduuf barsiisotni ogbarruu aadaa barattootaan walsimu fayyadamuun barbaachisaadha (Heugh 2011, f. 39).

Danqaalee hojiirra oolmaa ogbarruu fayyadamuun dandeettii afaanii barsiisuu keessaa inni ijoon tokko hanqina meeshaalee dubbisaa qulqullinaafi gahumsa qaban Afaan Oromoodhaan qophaa'an dhibamuufi sirna barnootaa dubbisa Afaan Oromoo barsiisuuf sadarkaa isaa eeggate qophaa'uu dhibuu (Fufa, 2018). Barsiisonni yeroo baay'ee beekumsaafi dandeettii mala barsiisuu dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo irratti hinqina guddaa qabu (Gudeta, 2020). Sirni barnootaa keessumattuu qophiin kitaabilee barnootaa sadarkaa, umuriifi seenduubee barattootaa otuu hingiddu galeeffatiin yoo qophaa'e barsiisonni sirnaan hojiirra akka hinoolchina godha (Gebeyehu 2020, f. 13).

3. Malleen Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti saxaxni bu'uuraa hojiirra oole saxaxa qorannoo barnootaa/ design-based research/dha. Sxaxani kun gulantaalee sadii kan qabu ta'ee gulantaan jalqabaa gulantaa rakkoo adda baasuu, gulantaan lammaffaa gulantaa rakkoo adda bahe furuuf fala mala dhahuun saxaxuufi hojiirra oolchuu, gulantaan sadaffaa gulantaa jijjiirama argame madaaluudha. Haaluma kanaan, gulantaa jalqabaa keessatti rakkoo adda baasuuf saxaxa qorannoo sakatta'a ibsaafi mala qorannoo makaa (hammamtaafi akkamtaa) fayyadamuun hojiirra kan ooledha. Sababni malli makaa filatameef ragaalee qaaccessa haalqaraa irraa argaman irra caalaa hiika qabeessa taasisuu, ragaalee kallattii adda addaatiin jiran keessummeessuufi rogsadeeffachuuf jedhameetudha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa sadarkaa tokkoffaa ta'ee isaanis barsiisota manneen barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Shaambuu keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiranidha.

3.1. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Malleen iddatteessuu qorannoo kanaaf hojiirra oolan mala iddatteessuu akkayyoo, carraa salphaafi hunda hammatoo (comprehensive sampling) dha. Malli iddatteessuu akkayyoo kan filatameef iddattoota dhimma qorannoo kana waliin walqabatu irratti barsiisota Afaan Oromoo muuxannoo qabaniifi kaayyoo qorannichaa galmaan gahuu danda'u jedhaman filachuuf waan gargaaruufidha. Bu'uuruma kanaan, barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi manneen barnootaa 6 qorannichi itti adeemsifame mala akkayyoon filatamaniiru. Gama biraan, manneen barnootaa filataman keessa barsiisonni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa barsiisaa jiran 28dha.Isaan keessaa bargaaffiidhaan ragaa funaanuuf barsiisonni 28 (barsiisonni hundi) mala iddatteessuu hunda hammatoo/comprehensive sampling/ fayyadamuun filatamanii ragaa kennaniiru. Barsiisota manneen barnootaa kanneen keessaa barsiisota ja'a daawwannaafi afgaaffiitiif mala iddatteessuu carraa salphaadhaan filatatamanii ragaan irraa sassaabameera.

3.2. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannoo kanaaf hojiirra oolan daawwannaa daree, bargaaffiifi afgaaffidha. Kaayyoon daawwannaa adeemsifame kanaa barsiisonni ogbarruu kitaaba barattootaa keessa jiran fayyadamuun yommuu dandeettii dubbisuu barsiisan dhiyaannaa ogbarruu akkamii akka fayyadamaniifi danqaalee isaan mudatu adda baasuudha. Gosti daawwannaa adeemsifames daawwannaa guutummaa guutuu/ complete observation/ yommuu ta'u kunis kan qorataan yoomessa qabatamaa daree barnootaa keessatti barsiisonni ogbarruudhaan dandeettiin dubbisuu yommuu barsiisan wayitii jalqabaa kaasee hanga xumuraatti daawwachuun wantoota raawwataman hunda adda baafachuun ragaan kan ittiin walitti qabamedha. Daawwannaa kanaafis, cheeklistiin daawwannaa gamisaan caaseffamaa qophaa'ee ragaaleen waitti qabamanii qaccefamaniiru. Afgaaffiin qorannoo kana keessatti kaayyoon isaa hojiirra oolmaafi danqaalee ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo waliin walqabatanii daawwannaadhaan argaman rogsadeeffachuuf kan dhimma itti bahamedha.Gaaffileen kunniinis afgaaffii caaseffamaa ta'anii barsiisotaa filatamaniif dhiyaatanii ragaaleen walitti qabamaniiru. Bargaaffileen qophaa'anis danqaalee hojiirra oolmaa ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo barsiisotaa waliin walqabatanii jiran adda baasuufidha.Gaaffileen kunninis yaadiddamoota ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu bu'uura godhachuun qorataadhaan kan qophaa'aniifi gaaffilee muraasa immoo qorannoowwan Hana (2016)fi Yitagesu (2017) irraa madaqfame. Ragaaleen bargaaffiidhaan argaman kunniinis kanneen daawwannaadhaan argaman rogsadeeffachuuf kan dhiyaatanidha.

3.3. Sirrummaafi Amanamummaa Meeshaalee

Qorannoon tokko sirrummaafi amanamummaa qabaachuutu irraa eegama.Sirrummaa qorannichaa mirkaneessuuf tooftaalee garaagaraa jiran fayyadamuun murteessaadha. Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannichaaf qophaa'an sirrii ta'uufi dhiisuu isaanii mirkaneessuudhaaf gorsitoota qorannoo kanaa lamatti erguun akka ilaalan ta'ee sirrummaan isaa mirkanaa'eera.Haaluma kanaan, gaaffileen afur yaada ogeeyyiin kennan bu'ureffachuun irra deebi'amanii ilaalamanii kan fooyya'an yommuu ta'an gaaffileen lama yaada irra deddeebii waan qabaniif keessaa akka haqaman ta'ee sirrummaan isaa mirkanaa'eera. Meeshaaleen qophaa'an sirrummaan isaanii erga mirkanaa'aniin booda amanamummaa meeshaalee kanneenii mirkaneessuudhaaf manneen barnootaa qorannichi itti adeemsifame irraa adda kan ta'e kan aanicha keessatti argamu Mana

Barumsaa Didibbee Sadarkaa tokkoffaa jedhamu irratti yaalii habuurraa/pilot-test/ gaggeeffameera. Haaluma kanaan, bu'aan herreegaa 'Crombach Alpha' spss version 24 kan inni agarsiise 0.82 waan ta'eef gaaffileen qophaa'an sunniin amanamummaan isaanii sadarkaa gaariidha.

4. Adeemsa Qaaccessa Ragaaleefi Hiikuu

Qorannoo kana qaaccessuuf mala makaatu hojiira oolee jira. Ragaaleen meeshaalee akkamtaan guuraman walitti fiduun ijoo ijootti qoqqooduun jechootaan qindaa'an.Kanneen bargaaffiin guuraman ammoo lakkoofsatti jijjiiruun ibsameera. Dhumarratti, ragaaleen meeshaalee hammamtaafi akkamtaan walitti qabaman akkaataa rogsadeessuuf ta'utti walitti fiduun qindaa'eera.

4.1. Hojiirra Oolmaa Fayyadama Ogbarruu Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Keessatti

Kutaa kana jalatti ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi bargaaffiin argaman qaacceffamanii hiikni itti kennameera. Qaaccessa daawwannaa daree kana jalatti akkaataa itti barsiisonni ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchaniifi danqaalee isaan mudatetu qaacceffamee jira. Daawwannaan kunis barsiisota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa barsiisan ja'a irratti kan adeemsifame yommuu ta'u tokkoon tokkoo isaanii marsaa lama lama daawwatamanii ragaaleen argaman qaacceffamaniiru.

Fayyadama Ogbarruu Barsiisotaa

Xiyyeeffannoon jalqabaa daawwannaa adeemsifamee kanaa barsiisonni daree barnootaa keessatti ogbarruu akkamitti hojiirra oolchaa akka jiran adda baasuudha. Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuufi dhiisuu isaanii barsiisota ja'a qabatamaan yeroo isaan barsiisan daawwatamaniiru. Isaan keessaa barsiisonni lama (Bars 3fi 5) ogbarruu guyyaa sanaa akka meeshaa afaan ittiin barsiisuutti osoo hintaane akka qabiyyeetti barsiisaa turan. Barsiisonni afur (Brs 1, 2, 4fi 6**)** hafan immoo ogbarruu sana maaliifi akkamitti akka fayyadaman waan hubatan hinfakkaatan. Hojii ogbarruu sana barattootaaf ofii isaanii dubbisuun kallattiidhaan gara gilgaalaatti cehanii jiru. Iddattoonni barsiisotaa kunniin giddu galeessummaan adeemsa walfakkaataadhaan gochaalee dandeettii dubbisuu sana shaakalsiisuuf qophaa'an (dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa booda) jiran sanneen ofiisaanii dubbisuun barattoota muraasa waliin hojjechuun gilgaala isa itti aanee jiru barattootaaf hojii manaa kennuun wayitii guyyichaa xumuraniiru. Dabalataan, barsiisonni kunniin gahee ogbarruu dandeettii dubbisuu barsiisuuf qabu cinatti dhiisuun xiyyeeffannoon isaanii irri caalaan seerlugaaafi hiika jechootaa barsiisuurratti ture. Gama biraan, malli barsiisaa giddu galeeffate irra caalaa hojiirra ooleera. Kana malees, barsiisota daawwataman keessaa barsiisonni lama (Brs 3, 5) gaaffilee shaakalaa dubbisa duraa barattoota kakaasuufi hubannoo dhimma dubbisichaa irratti duraan qaban adda baasuuf qophaa'an barattoonni hojii manaa isaa hojjetanii akka dhufan ajajamuun isaanii daawwatameera. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti qaban laafaa ta'uu isaati.

Barsiisaan tokko (Brs 4) akka daawwatametti hammamillee yaadrimee ogbarruu sanaa hubachiisuun gaarii ta'us, barsiisaan kun kallattiidhaan maalummaa ogbarruu sanaa erga ibseen booda barattoonni gosa ogbarruu sanaan kan fakkaatu muuxannoo isaanii irraa akka himan taasisuun wayitii guyyaa sanaa xumureera. Kanarraa wanti hubatamu, barsiisaan kun ogbarruutti

fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti hubannaa waan hinqabneef dandeettii dubbisuu shaakalshiisuu cinatti dhiisee darbuu isaati. Dabalataan, gochaalee kitaaba barattootaa keessaa maaliif, akkamitti yoom akka dhimma itti bahamuu qabu gahumsa dhabuu irraa kan ka'e ofuma isaa waanuma isatti tole gaafachuun dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisee bahuu isaatu hubatamee jira. Kun immoo, kaayyoon barannoo guyyichaa "*Dandeettii dubbisuu barattootaa shaakalshiisuu"* kan jedhu sun dagatamuu isaa mul'isa. Barsiisota daawwataman giddu galeessummaan wanti isaaniin walfakkeessu ogbarruu akka qabiyyeetti barsiisuu isaaniiti. Ogbarruu akka qabiyyeetti barsiisuun bakkatti gaarummaa qabaatu haa jiraatuyyuu malee dhiyaannaa kitaabichi ogbarruu akka meeshaa barachuufi barsiisuutti dhiyaate dhiisuun dhiyaannaa biraa fayyadamanii jiru. Kun immoo faayidaa ogbarruun dandeettiiwwan afaanii gabbisuu keessatti qabu dagatamuu isaa nama hubachiisa.

Qabxiin daawwannaa inni lammaffaan barsiisonni hojiiwwan ogbarruu barattootaaf sadarkaa dubbisuu isaanii hubaannoo keessa galchuun mijeessanii itti fayyadamuufi dhiisuu isaanii irratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan, barsiisonni daawwannaaf filataman hundinuu ogbarruu kitaaba barattoota irra jiru akkuma jirutti hojiirraa oolchuu irraa kan hafe ogbarruun kun dandeettii dubbisuu barattootaaf mijataa moo mijataa miti kan jedhu xiyyeeffannoo keessa galchuun sadarkaa dubbisuu isaaniif mijeessanii itti hinfayyadamne. Fakkeenyaaf, durdurii kitaaba barattootaa kutaa 8ffaa boqonnaa afur "Fardi keenyas Halkan Kunis Rimeessa**"** jedhu fuula 41-42 irra jiru yoo ilaalle dubbisicha keessa ergaa dubbisichaa barattoonni salphaatti dubbisanii akka hinhubanne taasisuu danda'an sakatta'insa qorataan adda baaseen jechamoota 11 ta'antu jiru. Hammamillee xiyyeeffannoon barsiisota kanneenii seerlugaafi hiika jechootaa barsiisuu ta'us jechamoota boqonnaa kana jala otuu hinshaakalashiin dhiisanii darbuun isaanii daawwatameera. Kun immoo hubannoon dubbisuu barattootaa irratti dhiibbaa inni geessisu salphaa miti. Sababni barsiisonni kunniin barattoota otuu hinhubachiisin darbaniif kitaabni barattootaa hiika jechamoota kanneenii bakka isaan itti shaakalan gilgaalli otuu hinhammatamiin dagatamee waan hafeefidha. Hammamillee hanqina kitaaba qophaa'e sana keessa gilgaalli hiikkaan jechamoota sanneenii itti shaakalamuu qaban dhibus barsiisonni sadarkaa hubannoo barattootaa giddugaleeffachuun mijeessanii hiika jechamoota sanneenii barsiisuu qabu ture.Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni waanuma kitaaba barattootaa irra jiru akkuma jirutti barsiisuurraa kan hafe bakka mijaa'uu qabu mijeessanii barsiisuu irratti hanqinni jiraachuu isaati.

Qabxiin daawwannaa inni biroon immoo barsiisonni gosoota ogbarruu adda addaa fedhii barattootaa gidduugaleeffatan fayyadamaa jiraachuufi dhiisuu isaanii irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u barsiisota daawwataman keessaa barsiisonni **4** gosoota ogbarruu garaagaraa fayyadamuuf hamma tokko yaalii taasisaniiru. Haata'u malee, gosoota ogbarruu sanneen dandeettii dubbisuu ittiin shaakalshiisuuf otuu hintaane akka barattoonni mukuu itti bahaniifi itti bashannananiif qofaa akka fayyadutti hubatanii daree keessatti hojiirra oolchaa turaniiru. Kunis, yeroo fedhii barattootaa gara barnootaatti harkisuufi kakaasuuf itti gargaaraman daawwannaa taasifame irraa hubatameera. Faayidaa ogbarruu keessaa inni tokko fedhii kakkaasuufi bashsnnansiisaa barsiisuu ta'uun isaa hubatamee hojiirra oolchuun isaanii gaarii ta'us, gosoota ogbarruu fayyadamnu sana dandeettii isa kam ittiin barsiisuuf akka gargaaru adda baasuun barbaachisaa ture. Kana immoo otuu hinraawwatiin hafuun isaa daawwannaa taasifame irraa hubatameera. Kana irraa wanti hubatamu, gumaacha gosoonni ogbarruu garaagaraa dandeettii

dubbisuu barsiisuuf qaban irratti hubannaa dhabuufi yeroo ogbarruu garaagaraa fayyadaman dhiyaannaalee ogbarruu afaan ittiin barsiifaman adda baafachuu irratti rakkoo qabaachuu barsiisotaati.

Tooftaalee Barsiisuu

Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barachuu barattootaa irratti barsiisonni garaagarummaa sadarkaa dubbisuu barattoonni qaban adda baasuufi deeggarsa taasisuufi dhiisuu isaanii adda baasuun qabxii daawwannaa isa lammaffaati. Haaluma kanaan, daawwannaa taasifameen barsiisonni afur barattoota sochii qaban muraasa hirmaachisuun waan akka isaan daree hunda bakka bu'aniitti dimshaashessuun sadarkaa barattootaa otuu adda hinbaafatiin barsiisaa turuun isaanii ragaan daawwannaa taasifame irraa hubatameera. Kana jechuun barsiisonni afur gonkumaa sadarkaan dubbisuu barattootaa maalirra akka jiru kan adda hinbaafanneefi deeggarsa akkamii akka isaan barbaachisu otuu hinhubatiin kallattiidhaan waan barsiisuu barbaadan barsiisuun wayittii sana xumuranii bahaniiru. Kunis, dubbisa ogbarruu sanaa ofuma isaanii dubbisuun faayidaa ogbarrichaa irratti marii yeroo muraasaa taasisuun kallattiin gara qabiyyee itti aanuutti cehaniiru. Barsiisonni lama yeroo daree seenanii dandeettii dubbisuu shaakalshiisuuf barattootaaf yeroo carraa kennan warreen harka baasan dhiisanii kanneen harka hinbaasneef carraa kennanii dubbisiisuun bakka isaan hanqina qaban irratti deeggarsa taasisuuf yaalii gochaa turuu isaanii daawwannaa taasifame irraa hubatameera.

Haata'u malee, barattoota dubbisuudhaaf harka baasan akka isaan dandeettii dubbisuu fooyya'aa qabaniitti fudhachuun carraa dubbisuu dhowwachuun isaanii sirrii hinturre. Sababni isaas, barattoonni dubbisuuf fedhii qabaachuun harka baasuufi qabatamaan dubbisanii hubachuun garaagara waan ta'eefidha. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni yeroo dandeettii dubbisuu shaakalshiisan garaagarummaa sadarkaa dubbisuu barattootaa adda baasuun eenyutu deeggarsa akkamii akka barbaaduufi maalirratti deeggaramuu akka qaban adda baafachuu dhabuu isaati. Dabalataan, barattoonni dubbisuu caalaa dhaggeeffachuufi dubbachuu irratti akka xiyyeeffatan taasifamuun wayitiin guyyichaa barsiisaadhaan kan dhuunfatameefi gaheen barattootaa baay'ee gadi aanaa ta'uu isaati.

Barattoonni akkaataa hojiiwwan ogbarruu xiinxaluufi hiikuu danda'aniin barsiifamaa jiraachuufi dhiisuu isaanii adda baasuufis daawwanaan adeemsifameera. Daawwannaa adeemsifame kanaanis barsiisonni dawwataman shan hojiilee irra keessoo dhimma ogbarruu sanaa tuttuquun bira darban malee ergaa ogbarruu sanaa hiikuufi xiinxaluu irratti hinxiyyeeffanne. Barsiisaan tokko immoo hamma barbaadame gadi fageenyummaa dhabus barattoonni ogbarruu dubbisan sanaaf hiika akka kennaniifi xiinxaluu danda'aniin barsiisaa tureera. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni ogbarruu fayyadamuun yommuu dandeettii dubbisuu barsiisan xiinxala ergaafi hiika hojii ogbarruu sanaa irratti otuu hinxiyyeeffatiin barsiisaa jiraachuu isaaniiti.

Qabxiin daawwannaa inni biraan, yommuu barattoonni ogbarruu dhiyaate sana dubbisanii hubachuu irratti rakkoon isaan mudatu barsiisonni tooftaa biraa fayyadamanii barsiisuufi dhiisuu isaaniiti. Kunis barsiisotni daawwataman hundi barattoota ogbarruu dhiyaatan sana dubbisanii hubachuu irratti rakkoo qaban otuu adda hinbaasiin walumatti qabanii barsiisaa turuu isaanii

daawwatamaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barataa isa kamtu deeggarsa akkamii akka barbaadu adda baasuun tumsa kenuu irratti hanqinni jiraachuu isaati.

Barattoonni yommuu ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu baratan hirmaannaan isaanii maal akka fakkaatu daawwannaan taasifame akka mul'isutti barattoonni fedhiifi kaka'umsaan hirmaachuu isaaniiti. Kunis, yeroo barsiisonni dubbisa ogbarruu sanaa dubbisiisuuf jedhan irri caalaan barattootaa dubbisuudhaaf harka baasaa turuun isaanii hirmaannaa gaarii qabaachuu isaaniiti. Kana irraa wanti hubatamu, barattoonni ogbarruu irratti fedhiifi kaka'umsa haa qabaataniyyuu malee ogbarruu sana fayyadamuu irratti hubannoon isaan qaban laafaa ta'uu isaati. Kun immoo, hanqina barsiisonni fayyadama ogbarruu irratti qabantu karaa alkallattiin barattoota irratti mul'atee jira. Sababni isaas, barsiisonni faayidaafi fayyadama ogbarruu irratti hubannaa otuu hinqabaatiin barataan dursee hubachuun rakkisaa waan ta'eefidha.

Iyyaafannoofi Yaaddeebii

Qabxiin inni biraan daawwanaan adeemsifame barsiisonni hubannoofi xiinxala barattoonni hojiiwwan ogbarruu irratti qaban iyyaafachuufi yaadeebii kennuu irratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, daawwannaa adeemsifameen barsiisonni shan hubannoofi xiinxala barattootni ogbarruu dubbisan sana irratti qaban adda baasuuf haalli isaan itti adda baafatan hubannoon dubbisuu barattootaa safaruuf otuu hintaane kallattiidhaan dhimma ogbarruu sanaa irratti xiyyeeffachuun gaaffilee muraasa gaafatanii gara qabiyyee isa itti aanuutti cehanii jiru. Dabalataan, waanuma gaafatan sanaafillee yaadeebii otuu hinkenniin wayitii guyyichaa xumuraniiru. Barsiisaan tokko garuu hamma ta'e tokko hubannoofi sadarkaa xiinxala barattoonni hojiilee ogbarruu irratti qaban iyyaafachuuf yaaleera. Haata'u malee, wanta iyyaafate sanaaf duubdeebii kenneeru hinqabu. Daawwannaa adeemsifame kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni Afaan Oromoo hubannoofi xiinxala hojiilee ogbarruu barattootaafi duubdeebii kennuu irratti hubannoon isaanii gahaa ta'uu dhabuu isaati.

Ragaaleen afgaaffii barsiisotaaf dhiyaatanii qaacceffaman kunniin barsiisonni ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuu akkamitti hojiirra oolchaa akka jiraniifi danqaalee hojiirra oolmaa isaa waliin walqabatan adda baasuu irratti kan xiyyeeffateedha. Afgaaffii irraa ragaaleen tokkoon tokkoo iddattoota irraa argaman akkaataa walfakkeenya isaaniin bakka tokkoti walitti qabuun qaacceffamanii dhiyaatanii jiru. Kunis, kan dhiyaate ragaalee gama daawwannaan argaman tumsuufi rogsadeeffachuuf barbaadameetudha.

Haaluma kanaan, afgaaffii barsiisotaaf barattoonni isaanii dandeettii dubbisuu akka gabbifataniif ogbarruu akkamittiin hojiirra oolchaa akka jiran adda baafachuuf gaaffii gaafatameef iddattoota gaafataman keessaa barsiisonni afur "Ogbarruun kan inni fayyadu barnoota guyyaa sanaa otuu hineegaliin dura fedhii barattootaa gara barnootaatti ittiin harkisuufi kakaasuuf qofaaf malee dandeettiiwwan dubbisuu ittiin barsiisuuf oola kan jedhu irratti beekumsa isaa hinqabu" jechuun deebisaniiru. Barsiisonni hafan lamaan immoo faayidaa ogbarruun afaan barsiisuuf ooluu isaa muuxannoo irraa hamma tokko beekumsa isaa akka qaban ibsaniiru. Haata'u garuu ogbarruu isa kamtu dandeettii isa kamiif mijataa akka ta'e irratti beekumsa akka hinqabne eeraniiru. Kana malees, hojiirra oolchuu irrattis rakkoon akka jiru deebii kennaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuuf hubannaa akka hinqabnedha. Hammamillee barsiisonni faayidaa ogbarruu keessaa bashannansiisuun isa tokko ta'uu isaa hubachuun isaanii

gaarii ta'us, ogbarruun dandeettii dubbisuu barsiisuuf akka meeshaatti ta'ee tajaajiluu isaa irratti hubannaan isaanii laafaa ta'uu isaati. Kun immoo, ogbarruu dandeettii dubbisuu barsiisuuf kitaaba barattootaa irratti dhiyaatee jiru sana akka barbaadametti hojiirra waan hinoolleef dandeettiiwwan dubbisuu barattootaa sirnaan akka hinshaakalamne godha.

Dhiyaannaalee ogbarruu adda baafatanii hojiirra oolchuufi dhiisuu isaanii adda baafachuuf gaaffii"Dhiyaannaa ogbarruu kamii fayyadamtee dandeettii dubbisuu barsiistaa?akka meeshaatti, akka qabiyyeetti, akka hirmaannaa dhuunfaa gabbisuutti" kan jedhu iddattootaaf dhiyaateen iddattoonni hundi (jahaan) isaaniiyyuu yaadrimee ogbarruu duuchaatti hamma tokko yoo beekaniyyuu dhiyaannaalee ogbarruu wanta jedhamu hinbeeknu; sirna barnoota afaanii keessatti dhiyaannaa kanatu afaan barsiisuuf oola kan jedhu irratti hubannaa isaa hinqabnu" jechuun deebii kenneniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni kunniin dhiyaannaalee ogbarruu jiran waan adda hinbaasneef ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu daree keessatti hojiirra oolchuu irratti rakkoon isaan mudachuu isaati.

Gaaffii 3^{ffaa} "Ogbarruu fayyadamuun yeroo dandeettii dubbisuu barsiistu gulantaalee dubbisuu sadan: dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa booda kanneen jedhaman akkamitti hojiirra oolchaa jirtuu?" kan jedhu gaafatamaniin iddattoonni hundi (jahaan) akka jedhanitti gulantaa dubbisa duraa jalatti gaaffilee dhiyaatan akka hinfayyadamne kaasaniiru. Sababni isaas, gaaffileen gulantaa dubbisa duraa jala jiran callisanii waan qophaa'an malee faayidaan isaanii guddaa nutti hinfakkaatu jechuun deebisaniiru.

Gulantaa yeroo dubbisuu waliin walqabatee (Brs 1, 2, 3fi 6) hojiirra akka hinoolchine `dubbataniiru. Barsiisonni kan hafan (Brs 4fi 5) immoo yeroo hunda otuu hintaane yeroo tokko tokko hojiirra ni'oolchina yaada jedhu dhiyeessaniiru. Barsiisonni hundinuu gaaffilee dubbisa boodaa irratti xiyyeefachuu isaanii ibsaniiru. Keessumattuu xiyyeeffannoon isaanii hiika jechootaafi seerluga dubbisicha keessaa bahan barsiisuu irratti xiyyeeffachuu isaanii ibsaniiru. Sababni isaas gulantaalee kanneen sadan yoo hordofne yeroon hingahu waan ta'eef yeroo qusachuuf akka ta'e deebii kennaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni kunniin gulantaaleen dubbisuu sadan haala walqabatisa qabuun hojiirra kan hinoolle ta'uu isaati.

Gaaffii 4^{ffaa} **"**Barattoonni ergaa ogbarruu dubbisan sanaa muuxannoo dhuunfaa, ilaalchaafi currisa/feeling/ isaanii waliin walbira qabanii akka dubbisan ni jajjabeessita?" gaaffii jedhu gaafatamaniin barsiisaa shanaffaa (Brs 5) irraa kan hafe hundii saaniiyyuu "Ergaa ogbarruu dubbisan sanaa muuxannoo dhuunfaa, ilaalchaafi currisa isaanii waliin walbira akka qabanii hubataniif shaakalshiisaa hinjirru'' jechuun deebii kennaniiru. Deebiii isaan kennan kana waliin walqabsiisuun gaaffii "Maaliif hinshaakalshiistan?" jedhu gaafatamaniif deebiin isaanii hanqina yeroofi ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti gahumsa dhabuu akka ta'e ibsanii jiru. Dabalataan, barattoonni hundi fedhiifi kaka'umsa waan hinqabneef shaakalshiisuu irratti akka rakkatan ibsaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni yeroo ogbarruu kitaaba barattootaa irra jiru fayyadaman barattoonni ergaa dubbisa ogbarruu sanaa irratti kan hinxiyyeeffanneefi barattooni ergaa dubbisichaa jireenya isaanii guyyuun walqabsiisanii akka xiinxalaniifi hiikan otuu hinshaakaliin hafuu isaaniiti.

Gaaffii 5^{ffaa} **"**Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu yeroo hojiirra oolchitu rakkooleen simudatan jiru? Rakkooleen si mudatan kan mala barachuufi barsiisuuti moo kan

qabiyyeeti?" kan jedhu gaafatamaniin iddattoonni hundinuu "Ogbarruu fayyadamuun yeroo dandeettii dubbisuu barsiifnu danqaaleen gama qabiyyeefi kan mala barachuufi barsiisuu akka isaan mudatee jiru ibsaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni kunniin ogbarruu akka meeshaa dandeettii dubbisuu barsiisuutti hojiirra oolchuu irratti danqaalee gama qabiyyee, mala barachuufi barsiisuu irratti muuxannoo gahaa dhabuufi akkasumas danqaalee gama haalqaraan walqabatan kanneen akka: hanqina yeroo, daree keessatti baay'achuu barattootaa, fedhiifi kaka'umsa dhabuu barattootaa, dhiyaannaalee ogbarruudhaan afaan barsiisuu irratti leenjii hojii duraas ta'e; leejiin hojiirraa kennamuu dhabuufi rakkoo meeshaalee sirna barnootaa keessatti mul'ataniif) saaxilamanii jiraachuu isaati. Kun immoo fiixa bahinsa hubannoon dubbisuu shaakaluu barattootaa irratti dhiibbaa kan geessisudha.

Ragaaleen bargaaffiidhaan walitti qabaman ragaalee daawwannaadhaan argame rogsadeeffachuun mirkaneessuuf kan dhiyaatedha. Kunis, gabatee asiin gadiitti dhiyaatee qaacceffamee hiikni itti kennamee jira.

Gabatee 1. Deebiiwwan Barsiisonni Daree Barnoota Afaan Oromoo Keessatti Ogbarruu Fayyadamuun Dandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo Barsiisuu Hojiirra Oolchuu Waliin Walaqabatanii Dhiyaatan

T/L	Gaafilee Gaafataman	1		2		3		4		5			
		IDD	%	IDD	%	IDD	%	IDD	%	IDD	%	IDD	%
1	Ogbarruu dhiyaate sana keessatti barattoonni muuxannoo isaaniin walqabsiisuun xiyyeeffannoodhaan akka hirmaatan gochuu	4	14.28	18	64.28	6	21.42	0	0	0	0	28	100
2	Yeroo dandeettiin dubbisuu daree keessatti barsiifamu barattoonni akka isaan ogbarruu sana dubbisanii ergaa isaa hubatan, hiika itti kennaniifi dinqisiifataniif carraa kennuu	0	0	22	78.57	4	14.28	2	7.14	0	0	28	100
3	Barattoonni hojiilee ogbarruu yeroo dubbisan jireenya isaanii qabatamaa waliin walqabsiisanii akka xiinxalan taasisuu	6	21.42	14	50	6	21.42	2	7.14	0	0	28	100
4	Barattoonni gochaalee dubbisa ogbarruu sana keessaa bahan akka hojjetan jajjabeessuu	0	0	19	67.85	7	25	2	7.14	0	0	28	100

5	Ogbarruudhaan yeroo dandeettiin dubbisuu barsiifamu ergaa dubbisichaa irratti xiyyeeffachuufi barattoonni ogbarruu sana irraa ergaa barbaadamu akka argataniifi jireenya isaanii dhuunfaa waliin akka walqabsiisaniif odeeffannoo seenduubee ogbarrichaa barattootaaf ibsuu	8	28	13	46.42	5	17.86	2	7.14	0	0	28	100
6	Barattoonni akka isaan ogbarruu dubbisaniif abbaltii dubbisuu kennuu	18	64.28	7	25	3	10.71	0	0	0	0	28	100

Furtuu**:** 1. Gonkumaa 2. Yeroo yartuu/xiqqoo 3. Yeroo tokko tokko 4. Yeroo baay'ee 5. Yeroo hundaa IDD= Irra Deddeebii

Gabateen asiin olii kun akka mul'isutti gaaffii 1ffaa **"**Ogbarruu dhiyaate sana keessatti barattoonni muuxannoo isaaniin walqabsiisuun xiyyeeffannoodhaan akka hirmaatan gochuu" jedhuuf iddattoonni 4 (14.28%) barattoonni ogbarruu dhiyaateefi muuxannoo isaanii walqabsiisuun akka baratan gonkumaa hinhirmaachisnu jechuun deebii kennanii jiru. Iddattoonni 18 (64.28%) immoo darbee darbee muuxannoo isaaniin walqabsiisanii xiyyeeffannoon akka hirmaatan taasisuu isaanii ibsanii jiru.Yeroo tokko tokko ogbarruu dhiyaate sana muuxannoo keenyaan walqabsiisanee xiyyeeffannoodhaan akka hirmaatan nitaasisna kan jedhan immoo iddattoota 6 (21.42%) dha. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni ogbarruu fayyadamanii yeroo dandeettii dubbisuu shaakalshiisan barattoonni muuxannoofi ogbarruu dhiyaate sana waliin walqabsiisanii akka hirmaatan gochuu irratti xiyyeeffannoon kennanii jiran laafaa ta'uu isaati. Gaaffii 2ffaa "Yeroo dandeettiin dubbisuu daree keessatti barsiifamu barattoonni akka isaan ogbarruu sana dubbisanii ergaa isaa hubatan, hiika itti kennaniifi dinqisiifataniif carraa kennuu" jedhu gaafatamaniif iddattoonni 22 (78.57%) ogbarruu sana dubbisanii ergaa isaa akka hubatan, hiika itti kennaniifi dinqisiifatan akka godhaniif carraan kenninu darbee darbeetudha jechuun deebisaniiru. Yeroo tokko tokko kanneen jedhan 4 (14.28%) yommuu ta'an 2 (7.14%) kanneen ta'an immoo yeroo baay'ee ogbarruu dhiyaate sana irraa ergaafi hiika akka argatan nan jajjabeessa kan jedhu deebisaniiru. Kun wanta inni nama hubachiisu, barsiisonni ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu yommmuu barsiisan barattoonni ogbarruu dubbisanii ergaa isaa akka hubatan, hiikka akka itti kennaniifi dinqisiisfan gochuu irratti hanqinni jiraachuu isaati. Kun immoo barattoonni ogbarruu sana dubbisanii ergaa hinargatan taanaan; xiinxalanii hiika itti hinkennan taanaan dandeettiin dubbisuu barattootaa gadi bu'aa akka deemu taasisuu danda'a.

Gaaffii 3^{ffaa}- Barattoonni hojiilee ogbarruu yeroo dubbisan jireenya isaanii qabatamaa waliin walqabsiisanii akka xiinxalan taasisuu waliin walqabatee iddattootaaf dhiyaateen 6 (21.42%) gonkumaa haala kanaan barsiisaa akka hinjirre deebisaniiru 14 (50%) darbee darbee jireenya isaanii qabatamaa waliin walqabsiisanii akka xiinxalan taasisaa barsiisfna jechuun deebisaniiru. Iddattoonni 6 (21.42%) immoo yeroo tokko tokko haala gaafataman kanaan akka barsiisaa jiran ibsaniiru. Yeroo baay'ee barattoonni ogbarruu dubbisan sana jireenya isaanii qabatamaa waliin walqabsiisanii akka xiinxalaniifi hiika itti kennan gochaa barsiifna kan jedhan immoo iddattoota 2

(7.14%) dha. Ragaa argame kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni ogbarruu fayyadamuun yeroo dandeettii dubbisuu Afaan Oromoo barsiisan barattoonni yaadrimee dubbisa sanaa jireenya isaanii qabatamaa waliin walqabsiisaa, xiinxalaafi hiika itti kennaa akka shaakalan gochuu irratti xiyyeeffannoon jiru laafaa ta'uu isaati.

Ragaan daawwannaa adeemsifame irraa argames barsiisonni dawwataman ogbarruu dhiyaate sana irra keessoo isaa tuttuquun bira darban malee barattoonni ergaa ogbarruu sanaa akka hiikan, xiinxalaniifi barattoonni jireenya dhuunfaa isaaniin akka walqabsiissan gochuu irratti kan hinxiyyeeffanne ta'uu mirkaneessa. Dabalataan, ragaan afgaaffii irraa argame akka mul'isuttis barattoonni ergaa dubbisichaa irraa gonfatan jireenya isaanii guyyuu waliin walqabsiisanii akka fayyadamaniif otuu hinshaakalashiisiin hafuu isaanii ragaalee bargaaffiifi daawwannaan argaman deeggara. Kun immoo dubbisa ogbarruu dhiyaate tokko barattoonni dubbisanii jireenya isaanii qabatamaa waliin walqabsiisaa, xiinxalaafi hiika itti kennaa hindeeman taanaan dandeettiin dubbisuu hinshaakalamne jechuudha.

Gaaffii 4^{ffaa}- Barattoonni gochaalee dubbisa ogbarruu sana keessaa bahan akka hojjetan jajjabeessuu isaaniif iddattootaaf gaaffii dhiyaateen 19 (67.85%) barattoonni gochaalee dubbisa keessaa bahan akka shaakalaniif darbinee darbinee carraa kennina, 7 (25%) yeroo tokko tokko akka gochaa sana shaakalan taasifna, 2 (7.14%) immoo yeroo baay'ee gochaalee shaakala keessaa bahan akka shaakalan nijajjabeessina jechuun deebii itti kennaniiru. Kun wanta inni nama hubachiisu, hammamillee dandeettiin dubbisuu gochaalee dubbisa keessaa bahan shaakaluun kan gabbatu ta'us, barsiisonni gochaalee dubbisicha keessaa bahan barattoota hojjechiisuu irratti hanqina qabaachuu isaaniiti. Daawwannaafi afgaaffii irraa ragaaleen argamanis barsiisonni shaakaloota ogbarruu sana keessaa bahan fayyadamuun dandeettii dubbisuu shaakalshiisuu irratti hanqina qabaachuu isaanii mirkaneessa.

Gaffii 5^{ffaa}-Ogbarruudhaan yeroon dandeettii dubbisuu barsiisan ergaa dubbisichaa irratti xiyyeeffachuufi dhiisuu isaanii adda baasuuf gaaffii dhiyaateen iddattoonni 8 (28%) gonkumaa ergaa dubbisichaa irratti kan hinxiyyeeffanneefi seenduubee ogbarrichaa baattootaaf kan hinibsine ta'uu deebii kennaniiru. Darbee darbee malee ergaa irratti hinxiyyeeffannu kanneen jedhan immoo 13 (46.42%)dha. Iddattoonni 5 (17.86%) immoo yeroo tokko tokko barattoonni ergaa dubbisichaa irratti akka xiyyeeffatan gochuun barsiisuu isaanii ibsaniiru. Barattoonni tooftaa ergaa dubbisichaa irratti akka xiyyeeffatan gochuun barsiisuu yeroo baay'ee fayyadamna kanneen jedhan immoo 2 (7.14%)dha. Kun immoo barsiisonni ogbarruudhaan dandeettii dubbisuu yommuu barsiisan ergaa dubbisichaa irratti kan hinxiyyeeffanneefi kaayyoon dubbisa sanaa hubachuun barsiisuu irratti laafinni jiraachuu nama hubachiisa.

Gaaffii 6ffaa- Barattoonni akka isaan ogbarruu dubbisaniif abbaltii dubbisuu/ reading assignment/ kennuu waliin walqabatee gaaffii dhiyaateen 18 (64.28%) ta'an barattoonni ogbarruu akka dubbisanii ergaa ogbarruu dubbisan sanaa dareef akka dhiyeessan gochuuf gonkumaa abbaltii akka hinkennine deebii kennaniiru. Iddattoonni 7 (25%) immoo darbee darbee abbaltii nan kenna, 3 (10.71%) immoo yeroo tokko tokko ogbarruu dubbisuun ergaa dubbisicha irraa hubatan dareef akka dhiyeessaniif abbaltii nan kenna jechuun deebisaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barattoonni ogbarruu dubbisanii ergaa isaa akka hubataniif abbaltii kennaa akka hinjirredha. Dabalataan, abbaltii dubbisuu barattootaaf kennuun tooftaa itti hanqina yeroo daree keessatti

barataas ta'e barsiisaa mudatu furuu keessaa isa tokko ta'us, barsiisota biratti hubatamee hojiirra oolaa akka hinjirre nama hubachiisa.

4.2. Ogbarruu Kitaaba Barattootaa Keessa Jiru Fayyadamuun Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu Hojiirra Oolchuu Keessatti Danqaaleen Barsiisota Mudatan

Gabatee-2: Deebiiwwan Danqaalee Ogbarruu Fayyadamuun Dandeettii Dubbisuu Afaan Oromoo Barsiisuu Barsiisotaan Walqabatu

T/L	Gaafilee gaafataman	CM		NM		HN		CD			Walii gala		
		IDD	%	IDD	%	IDD	%	IDD	%	IDD	%	IDD	%
1	Hanqina muuxannoo ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu qabaachuu	0	0	4	14.28	0	0	21	75	3	10.71	28	100
2	Hanqina tarsiismolee mijatoo ta'aniin ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu qabaachuu	0	0	3	10.71	0	0	25	89.28	0	0	28	100
3	Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuuf fedhii, kaka'umsaafi ilaalcha gaarii dhabuu	26	92.85	2	7.14	0	0	0	0	0	0	28	100
4	Faayidaa ogbarruun dandeettii dubbisuu barsiisuuf qabu wallaaluu	0	0	6	21.42	0	0	18	64.28	4	14.28	28	100
5	Hanqina hubannoo dhiyaannaalee ogbarruu afaan barsiisuuf ooluu isaa wallaaluu	0	0	0	0	0	0	28	100	0	0	28	100

Furtuu: CM= Cimseen Morma NM=Nan Morma HM= Hinmurteessine ND= Nan Deeggara CD=Cimseen Deeggara IDD= Irra Deddeebii)

Gabateen 3^{ffaa} asiin olii kun akka mul'isutti gaaffii 1ffaa hanqina muuxannoo ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu qabaachuufi dhabuu isaaniin kan walqabate iddattoonni gaaffii gaaffatamaniin 4 (14.28%) hinmurteessine, 21 (%) ta'an immoo hanqina muuxannoo fayyadama ogbarruu dandeettii dubbisuu barsiisuu qabaachuu irratti nan deeggara jechuun deebisaniiru. Iddattoonni 3 (10.71) immoo hubannoo fayyadama ogbarruu akka hinqabne ibsuuf cimseen deeggara jechuun deebii kennaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni hubannoo ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu dhabuun ogbarruu kitaaba barattootaa keessa jiru fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchuu wantoota danqan keessaa isa tokko ta'uu isaati. Kun immoo ragaa daawwannaa irraa argameen kan walfakkaatuufi kan walutubudha. Kunis, barsiisonni qabatamaan ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu yommuu barsiisan hanqinaalee hedduu qabachuu isaaniifi muuxannoo gahaa kan hinqabne ta'uu isaati. Ragaan afgaaffii irraa argames ragaa daawwannan argame mirkaneessee jira.

Gaaffii 2ffaa- Hanqina tarsiismolee mijatoo ta'aniin ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu qabaachuu adda baasuuf gaaffii dhiyaateen iddattoonni 3 (10.71%) nan morma, 25 (89. 28%) immoo nan deeggara jechuun walduraa duubaan deebii kennaniiru. Deebii iddattoonni kennan irraa wanti hubatamu, ogbarruu fayyadamuun yeroo dandeettii dubbisuu barsiisnu tarsiimolee mijatoo ta'an filachuun barsiisuu irratti hanqina qabaachuu barsiisotaati.

Gaaffii 3^{ffaa} "Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuuf ilaalcha gaarii dhabuu waliin walqabatee gaaffii dhiyaateen iddattoonni 26 (92.85 %) ta'an cimseen morma kan jedhan yommuu ta'u 2 (7.14%) immoo nan morma jechuun deebii kennaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuuf ilaalcha gaarii qabaachuu isaaniti. Kunis bu'aa qorannoo Ayele & Dawit (2022) waliin walfakkaata. Bu'aan qorannoo isaanii akka mul'isutti irri caalaan iddattootaa ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti ilaalcha eeyyantaa qabaachuu barsiisotaati. Ilaalcha gaarii yookiin eeyyantaa qabaachuun isaanii immoo ogbarruu fayyadamuun dandeettiiwwan dubbisuu barsiisuu hojiirra irra oolchuuf gumaacha guddaa qaba.

Gaaffii 4^{ffaa} Faayidaa ogbarruun dandeettii dubbisuu barsiisuuf qabu wallaaluun danqaa hojiira oolmaa ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu ta'uufi dhiisuu isaa gaaffii dhiyaateen iddattoonni 6 (21.42%) nan morma, 18 (64.28%) nan deeggara, 4 (14.28%) cimseen deeggara jechuun walduraa duubaan deebii itti kennaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni faayidaa ogbarruun dandeettii dubbisuu barsiisuuf qabaachuu isaa adda baasanii kan hinbeekne ta'uu isaati. Kana jechuun ogbarruudhaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti fedhiifi kaka'umsaa qabaatanis ogbarruu isa kanatu dandeettii kana barsiisuuf fayyada kan jedhu irratti hubannaa hinqaban jechuudha. Ragaan bargaaffii irraa argame kun kallattiidhaan ragaan daawwannaa irraa argame kan barsiisonni daawwataman ogbarruun dandeettii dubbisuu barsiisuuf faayidaa akka qabuutti otuu hintaane tajaajila bashannanaaf akka oolutti qofa hubachuu isaanii sana kan mirkaneessedha.

Gaaffii 5^{ffaa}- Hanqina hubannoo dhiyaannaalee ogbarruu afaan barsiisuuf oolu adda baasuu qabaachuufi dhabuu barsiisotaa adda baafachuuf gaaffii dhiyaateen iddattoonni hundi 28 (100%) nan deeggara jechuun jechuun deebii kennaniiru. Kana irraa wanti hubatamu, barsiisonni dhiyaannaalee ogbarruudhaan afaan barsiisuuf oolan irratti hubannoo gahaa ta'e dhabuu isaaniiti. Kanan jechuun, barsiisonni ogbarruu fayyadamuudhaan dandeettii dubbisuu barsiisuu bu'a qabeessa ta'e daree keessatti akka hojiirra hinoolchine wantoota danqan keessaa hubannaa dhiyaannaalee ogbarruu afaan barsiisuuf oolan dhabuudha. Afagaaffii barsiisota akka iddattootti filataman irraa ragaaleen argamanis barsiisonni dhiyaannaalee ogbarruu irratti hubannoon isaan qaban laafaa ta'uu mirkaneessee jira.

5. Goolabaafi Yaboo

5.1. Goolaba

Qorannoon kun barsiisonni ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barattootaa barsiisuu hojiirra oolchuu irratti gahumsa isaan qabaniifi danqaalee isaan mudatu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Haaluma kanaan, barsiisonni ogbarruu fayyadamanii dandeettii dubbisuu barsiisuu akkaataa itti hojiirra oolchaa jiraniin walqabatee ragaaleen dawwannaa, afgaaffiifi bargaaffiidhaan argaman akka mul'isanitti barsiisonni ogbarruu akka meeshaa afaan ittiin barsiisuutti tajaajiluu isaa irratti hubannaan isaanii laafaadha. Kunis, ragaaleen argaman hammi tokko akka mul'isutti

ogbarruu akka qabiyyeetti barsiisaa turuu isaaniiti. Barsiisotni irri caalaan isaanii immoo ogbarruun kitaaba barattootaa keessaa maaliif akka dhiyaataniifi akkamitti akka fayyadaman hubatanii hinjiran. Dabalataan, filannoo ogbarruun walqabatee barsiisonni gosoota ogbarruu adda addaa fedhii barattootaa gidduugaleeffatan fayyadamaa hinjiran.

Kun immoo, gumaacha gosoonni ogbarruu garaagaraa dandeettii dubbisuu barsiisuuf qaban irratti hubannaa dhabuufi yeroo ogbarruu garaagaraa fayyadaman dhiyaannaalee ogbarruu afaan ittiin barsiifaman adda baafachuu irratti rakkoo gahumsaa qabaachuu barsiisotaa nama hubachiisa.Barattoonni yommuu ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu baratan fedhiifi kaka'umsa isaan qaban adda baasuuf ragaan daawwannaa taasifame akka mul'isutti fedhiifi kaka'umsi isaan qaban gadi aanaadha; maaliif ogbarruu sana akka fayyadaman irratis gahumsa hinqaban. Rakkoon kun barattoota biratti kan mul'achuu danda'eef barsiisonni ofuma isaaniiyyuu ogbarruu fayyadamanii dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti gahumsi isaanii gadi bu'aa waan ta'eef kallattiinis ta'e al kallattiin barrttoota irratti mul'achuu danda'eera. Ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuu hojiirra oolchuu keessatti danqaaleen barsiisota mudatan faayidaa ogbarruun dandeettii dubbisuu barsiisuuf qabu wallaaluu, rakkoo gahumsaa ogbarruudhaan dandeettii dubbisuu barsiisuu, fedhiifi kaka'umsa dhabuu barattootaa, leenjii hojiin duraafi boodaa ogbarruudhaan afaan barsiisuun walqabate dhabuu barsiisotaa, barreeffamoonni ogbarruu tokko tokko sadarkaa dandeettii afaanii barattootaa kan hineegne ta'uu, daree keessatti heddumachuu barattootaafi hanqinni yeroo jiraachuu ragaaleen dhimma kanaaf walitti qabaman mul'isaniiru.

5.2. Yaboowwan

Argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uun yaboowwan asiin gadii kunniin kennamanii jiru:

- Barsiisonni Afaan Oromoo kan isaan gochuu qaban: Ogbarruudhaan dandeettii dubbisuu barsiisuu yommuu shaakalshiisan barattoonni ergaa dubbisa sana irraa akka argataniif carraa kennuu, dubbisa ogbarruu sanaaf gilgaalota qophaa'an akka shaakalaniif carraa mijataa uumuun isaan irraa eegama. Dabalataan, tarsiimolee si'aayinaan barachuu fayydamuu, gochaalee dubbisa duraa, yeroo dubbisuufi dubbisa boodaa irratti xiyyeeffachuun barattoota shaakalshiisun hubannoon dubbisuu barattootaa fooyyessuu, barattoonni fedhiifi kaka'usa dubbisa dhiyaate tokkoo akka horataniif barreeffamoota ogbarruu argatanii akka dubbisaniif haala mijeessuun barbaachisaadha. Kana malees, ogbarruun filatamee dhiyaate sun dandeettii dubbisuu barattootaaf mijataa moo mijataa miti kan jedhu xiyyeeffannoo keessa galchuun sadarkaa dubbisuu barattootaaf mijeessanii itti fayyadamuu, ogbarruu fayyadamuun dandeettii dubbisuu barachuu barattootaa irratti barsiisonni garaagarummaa sadarkaa dubbisuu barattoonni qaban adda baasuufi deeggarsa taasisuun murteessaadha. Hubannoo dubbisa ogbarruu sana irraa hiika argachuu barattootaa iyyaafachuufi duubdeebii kennuun barattoota deeggarsa addaa barbaadan adda baafachuun deeggaruun hubannoon dubbisuu barattootaa fooyyessuunis qabxii barsiisonni irratti xiyyeeffachuu qaban keessaa isa tokkodha.
- Dhaabbileen barnoota olaanoofi kolleejjonni wantoota raawwachuu qaban: barsiisonni yommuu ogummaa barsiisummaa leenji'an dhiyaannaalee ogbarruu afaan barsiisuuf oolan irratti gahumsa akka horataniif xiyyeeffannoodhaan leenjii hojiin duraa/pre-sevice/kennuu, gahumsa ogbarruudhaan dandeettii dubbisuu barsiisuu isaanii akka fooyyeffataniif leenjii hojiirraa kennuun milkaa'ina galma dandeettii dubbisuu barattoota sadarkaa kanaa milkeessuun murteessaadha.

- Qorattoota toora kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif rakkoolee adda bahan kana furuuf ogbarruu akka meeshaa dandeettii dubbisuu barsiisuutti akka giddu seensaatti/ as an intervation/fayyadamuun rakkoo daree barnootaa keessatti barsiisotaafi barattoota qabatamaan mudataniif fala kaa'uun gahumsa dandeettii dubbisuu barsiisuu barsiisotaa fooyyessuun barbaachisaadha.

Galata

Barruuleen kun boca bareedaa akkasii kana qabatee akka maxxanfamuuf qaamolee gumaacha taasisan hundaaf galanni keenya onneerraa madde isaan haa qaqqabu jenna. Keessumattuu, qulqullina barrulee kanaa fooyyessuu keessatti yaada ijaarsaafi ogummaa kennuun olaantummaan hirmaatan boordii gulaaltotaa Barrulee Gadaafi gulaaltotaaf galanni keenyi guddaadha

Wabiilee

Abdullah, K. (2012). *Use of literature in teaching English*. Procedia - Social and Behavioral Sciences, 46, 554–559. https://doi.org/10.1016/j.sbspro.2012.05.175

Ahmad, B. (2014). *The effect of teaching literature on EFL students' pragmatic competence*. Journal of Education and Practice**,** 5(3), 137–156. https://doi.org/10.7176/jep/5-3-18

Alene, K. (2012). *Investigation of EFL teachers' and students' views towards using literary texts in EFL classrooms: The case of Aboker Preparatory School, Grade 12, Harari Region* (Master's thesis). Haramaya University.

Alamituu, O**.** (2012). *Ogbarruudhaan Afaan barsiisuu*. Heritage Printing & Trading PLC.

Ayele, T., & Dawit, D. (2022). *Teachers' perception and practice of using literary text to teach reading skills: The case of selected schools in Addis Ababa*. Journal of English Language Teaching, Literature & Applied Linguistics, 4(2), 98–114.

Brumfit, C. (1986). *Literature and language teaching*. Oxford University Press.

Carter, R., & Long, M. N. (1991). *Teaching literature*. United States of America: Longman.

Cummins, J. (2001). Bilingual children's mother tongue: Why is it important for education? *Sprogforum*, *9*(3), 15–20.

Fufa, F**.** (2018). Challenges in teaching Afan Oromo in primary schools: The case of selected Schools in Borena Zone. *Journal of Oromo Studies*, *25*(1), 101–134.

Gebeyehu, F**.** (2020). The appropriateness of literary texts in teaching reading skills: The case of some selected high schools in Ethiopia. *The Reading Matrix: An International Online Journal*, *20*(2).

Gemechu, D. (2019). *Challenges of mother tongue reading instruction in Ethiopian primary schools* (p. 67). Addis Ababa University.

Gudeta, A. (2020). The challenges of teaching reading skills in Afan Oromo: The case of primary schools in Jimma Zone. *Journal of Oromo Studies, 27*(2), 71–102.

Hana, F. (2016). *The role of short story in developing reading comprehension skill* (Unpublished MA Thesis). Addis Ababa University, Addis Ababa.

Heugh, K. (2011). *Theory and Practice of Language Education in Ethiopia*. In: Multilingual Education and Sustainable Diversity Work. Bristol: Multilingual Matters. p. 39.

Kefyalew, W., Samson M., & Firehiwot**,** F. (2018). Literary materials in teaching reading skill: Teacher perspective in Shanto Secondary and Preparatory School. *Journal of Education and Practice*.

Lazar, G. (1993). *Literature and language teaching: A guide for teachers and trainers*. Cambridge University Press.

Mohamed, A. (2022). Developing English majors' comprehension of literary texts and online self-regulated language learning skills via literature. *Education Research International, 2022*, Article ID 3371288. https://doi.org/10.1155/2022/3371288

Mohammad K. (2011). Literature in EFL/ESL classroom. *English Language Teaching, 4*(1). https://www.ccsenet.org/elt

McKay, S. (1982). Literature in the ESL classroom. *TESOL Quarterly, 16*(4), 529–536.

MoE. (2009). *Curriculum framework for Ethiopian education (KG–Grade 12).* Addis Ababa.

(KG–Grade 12). Addis Ababa.

MoE (2018). *Education sector development program V (ESDP V) 2015/162019/20*. Addis Ababa, Ethiopia.

Murat, H. (2005). Teaching English through literature. *Journal of Language and Linguistics, 1*(1), 53–66.

Netsanet, H. (2021). An investigation into the implementation and selection of literary texts to teach reading skills in EFL classes: The case of preparatory schools in Awi Zone, Ethiopia. *Theory and Practice in Language Studies, 11*(5), 498–508.

USAID. (2018). *Early Grade Reading Assessment (EGRA) in Ethiopia: Baseline report* Addis Ababa.

Yenealem, T. **(**2014). *Assessing teachers' and students' views regarding the role of literary texts in enhancing language use* (Unpublished master's thesis).Haramaya University.

Yitagesu, B. (2017). *Investigating the role of literary texts in developing students' reading comprehension with specific reference to grade nine students of Bole Community Secondary School* (Unpublished master's thesis). Addis Ababa University.